Isa lubbuun koo harka Isaa keessa jirtuun kakadhee, ilmi Maryam (Iisaan) haala daanyaa murtii haqaan murteessu ta'een isin keessatti bu'uun isaa ni dhihaata, yeroo sanatti fannoo kiristaanaa ni cabsa, karkarroo ni ajjeesa, gibira ni murteessa, horiinis hanga namni tokko kan isa qeebalu hin jiraannetti gad dhangal'a

Abuu Hureyraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhan: "Isa lubbuun koo harka Isaa keessa jirtuun kakadhee, ilmi Maryam (Iisaan) haala daanyaa murtii haqaan murteessu ta'een isin keessatti bu'uun isaa ni dhihaata, yeroo sanatti fannoo kiristaanaa ni cabsa, karkarroo ni ajjeesa, gibira ni murteessa, horiinis hanga namni tokko kan isa qeebalu hin jiraannetti gad dhangal'a".
[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- haqa shari'aan Muhammad isaan dhufteen namoota giddutti akka murteessuuf jecha bu'iinsi Iisaa ilma maryam -nageenyi isa irratti haa jiraatu- dhihaachuu irratti kakatan, Fannoo (masqala) kiristaanonni kabaju akka cabsu himaniiru. Iisaan -nageenyi isa irratti haa jiraatu- karkarroo akka ajjeesus himaniiru. Akkasumas Inni -nageenyi isa irratti haa jiraatu- gibira murteessee namoonni hundi akka amantii islaamaa qabatan taasisa. Maallaqnis ni dhangala'a namni tokkolleen isa hin fudhatu; Kunis baay’ina isaatii fi namni hundinuu wahuma harka isaa keessa jiruun duroomuuf jechaadha, akkasumas barakaa buutee kheyriin adda addaa wal duraa boodaan dhufuuf jechaadha.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/65025